Dubartoonni
ifiif if Tajaajilla

HIV'n maali?

- HIV'n vaayrasa dhukuba AIDS uumu.
- HIV'n Human Immunodeficiency Virus kan je'u bakka bu'a. HIV'n vaayrasa dandeeyti qaamni ilma nama dhukkuba ifirra ittisuuun laaffisu.
- AIDS Acquired Immunodeficiency Syndrome bakka bu'a.
- HIV'n yaroo hammatte dhibee AIDS taha.

"Dhugmaan HIV'n Dubartoota Hubaa?"

Hiv'n hawaasuma tahe keeysatti dubartoota ni huba. Adunyaa keeysatti namoota HIV qaban keeysaa walakkan dubartoota. Dubartoonni irra hedduun isaani hamma dhukkubsatanitti HIV qabaachuu ifirratti hin beekan.

Waa'ee HIV ifatti baasanii haasawuun namatti jabaata. Irra hedduun ummataa, yo HIV qabaatte akka waan badii hojjateetti amanan. Gariin keenya nama tokko qofatti ida'amuun yokaaniis wajji rafuun akka waan nu dandamachiisutti amanna. Gariin keenyaas dhiira dhiiraa wajji raftu (bukkee) qofaa HIV'n qaba jenneeti amanna taha. Kuni dhugaa miti. Dubartoonnis HIV arkachuu ni dandeyan.

Akkamitti HIV'n dubartoota qaba?

Karaaleen beekkamoon HIV'n dubartootaa fii dhiira ittii qabu:

- Kondomaan maletti dhira yokaanis dubartii wajji rafuu, karaa fi karaan maletti.
- Marfee/ lilmee diraagaan diratan waliin itti fayyadamuu dhaan. Yokaaniis marfee takkatti fayyadamanii qaama tumachuu fi gurra urachuu dhaan.
- Yo garaa qabnaattee,yaro cimimfattu, deeysuu fii luuysiftu/hoosifte vaayrasni HIV ilmo garaa jirtutti dabruu dandaya.
- Dhiiga nama biraa neqachuu dhaan. Kanadaa keeysatti, dhiigni gumaafame marti HIV irra qulqulluu tahuun isaa xinxalamullee, biyyoonni hedduun dhiiga dhiheeysan xinxala dhiigaa hin godhan taha.

HIV'n vaayrasa laaftutti nama qabuu miti. Ciniinsa bookee irraa, dhungachuu irraa, saanaa fi kubbaayyaa qooddachuu yokaaniis nama HIV qabu tajaajiluu irraa sitti hin dabru.

"HIV qabaachuu koo akkamittin beeka?"

Ummanni HIV qaban , osoo hin dhukkubsannee baroota hedduu dhaaf jiraachuu dandayan.
Karaan tokkichi HIV qabaachuu fi qabaachuu dhaba kee ittiin beeytu, dhiiga kee xiinxala HIV goosisuu dhaani.

"Garaahiin Qaba. Xiinxala HIV godhachuu dhaan qaba?"

Yo HIV qabaattee, garaa kan qabdu tahe, hireen vaayrasni ilmoo garaa jirtu tti dabruu dhibbarraa harka 25% . Wanni nama gammachiissuu wallaansi jiraachuu dha. Qorichi feesisu arkamnaan, gaaga'ama ilmoon tee HIV dhaan qabamuu dhaa akkaan irrisuutu dandeyama. Yo osoo ilmoon garaa jirtu xiqqoo, dubartiin HIV qabaachuu fi dhaba isii beeyte, hiree hedduu qabaachuu dha dandeeysi.

"Xiinxala HIV godhachuu irraa sodaan qaba.Akkamittiin Xiinxalaaf if qopheeysa?"

Xiinxala HIV godhachuun murtii cimtuu dha. Osoo xiinxala hin godhanne duratti, yaroon keeysa jirtu yaroo irra siif mijjooytuu tahu isii murteeyfachuu akka dandeeysuuf gorsaa HIV dubbisi. Guyyaa Xiinxala godhattuu fii guyyaa bu'aa xiinxalaa dhageeyfattu, hiriyaa amanamaa yokaaniis fira kee if wajji fiduun si barbaachisa taha.

"HIV Xiinxala godhachuu dhaaf filmaanni niin qabu maali?"

Xiinxalli HIV martinuu **tola**. Bu'aan xiinxalaatiis **iccitiidha**.
Xiinxalli HIV gosa sadihiitu jiraa.

- Maqaa hin qabnee (Anonymous Testing) bakka murtooytuu qofatti godhamuun dandayama. Koodii malee, maqaa keeti tti hin fayyadamne. Si qofaatu bu'aa xiinxalaa bara. Winnipeg keeysatti, bakka Nine Circles Community Health Centre (940-6000) ja'amtutti godhamu dhaa tu dandayama. Winnipeg'n ala bilbila- tolaa 1-800 782 2437 bilbilii bakka xiinxala itti godhachuu dandeeysu adda bari.
- Xiinxala maqaan malee (koodiitti fayyadamuu) Xiinxalli kun doktooraan godhama. Koodii malee, maqaa keeti tti hin fayyadamamu. Ati fi doktara kee qofaatu koodii beeka. Doktorri kee bu'aa xiinxala keetii yaroo baree, galmee fayyaa teeti keeysatti galmeeysa.
- Maqaa keetiin fayyadamuu (Nominal Testing) Xiinxalli doktoraan godhama. Maqaan kee gara laabaraatooriitti ergama, bu'aan xiinxalaa galmee fayyaa teeti keeysatti galmaawa.

Osoo xiinxala hin godhanne duratti, Xiinxala godhachuu dhaaf gaafatte hayyamuu tu sirra jira.

"Yoon xiinxala HIV godhachuu dhaaf murteey fadhe maaliin jaarsa yokaan golii (partner) kiyyatti hima?"

Jaarsa yokaan golii ifii tti waa'ee HIV dubachuun ni jabaa tti. Jaarsi yokaan goliin kee akka waan isa/ isii hin amannee tti fudhata/fudhatti taha, yokaaniis akka waan ati nama biraatii wajji rafaa jirtuu tti yaaduun ni mala.

Yaadhadhu bu'aan xiinxala martinuu iccitii akka tahe. Yoomii fii akkamitti akkaa Jaarsa/golii keetitti himtu murteeyfachuu dha dandeeysa. Akkamitti Jaarsa/golii keeti wajji, waa'ee kana irraa akka itti haasawuu barbaaddu yaroo gayaa fudhadhuu itti yaadi. Gorsaan HIV gargaarsaa fii yaada hamma tokko akka siif tilmaamu dubbisuu ni dandeeysa.

"Yooniif bu'aan xiinxalaa akkaan HIV hin qabne garsiise hoo?"

Yoo bu'aan xiinxala keeti HIV irraa nagaya tahe, deebitee xiinxala godhachuu dhaa tu si barbaachisa taha. Yaroo HIV'n nama qabe rraa kaasee, bu'aa xiinxala kan dhugaa arkachuu dhaaf hamma ji'a jaha fudhachuu dandaya.

"Yooniif bu'aan xiinxalaa akkaan HIV qabu garsiise hoo?"

Yaroo bu'aa xiinxalaa arkatte sodaa dhaa fii jeeqamuutu sitti dhagahama taha. Gorsaa HIV dubbisuun gargaara siif taha. Dubartoonni HIV qaban baroota heddu dhaaf fayyaa dhaan jiraachuu dandeyan. HIV qabaachuu kee beekuun gargaarsa siif tahu dandeya. Akkaataa itti if tajaajiltu, murteeyfachuu dhaa fi filachuu siif aanjeeysa.

Tin'isa Hawaasaa (Community Resources)

Gorsaa, fii gargaarsa tajaajila HIV arkachuuf:
Winnipeg keeysaatti **940-6000** bilbili.
Winnipeg'n ala **1-888-305-8647** bilbili.

Odeessa caalaatti arkachuuf kanneen garjaletti barreeyfaman qunnami:
Winnipeg Keeysatti: Bilbila Odeessi AIDS/STI **945-2437** bilbili, yokaniis **www.serc.mb.ca** dheqii laali.
Barandon keeysatti: Bilbila Odeessi AIDS/STI **1-800-782-2437** bilbili, yokaniis emaili kanaan qunnami. **sti@brandonrha.mb.ca**

Bilbilaa fii daawwiin (visit) keeysan tola, Odessi si qofaaf, icciti dhaasi.

OROMO

Produced, developed, and translated by the Improving Access Project, Sexuality Education Resource Centre and Nine Circles Community Health Centre, 2009.

Revised with the permission of the AIDS Committee of Toronto (ACT).

Funded by AIDS Community Action Program, Public Health Agency of Canada. *The views expressed herein do not necessarily represent the views of the Public Health Agency of Canada.*